

**PARK HILL SCHOOL DISTRICT  
DAMBII NAMUUSA BARATAA  
Mana Baruumsa Giddu Galeessaa/Mana Baruumsa Sadarkaa Lammaffaa**

Naannoo mirgi tokkoon tokkoo barataa itti kabajame uumuf ulaagaalen namuusa barataa Boordii Barnootan (Boordii)dhaan hundaa'era. Dambii Boordii keessatti akka kaa'amettiin alatti, ulaagaalen kunneen daree manneen barnootaa hunda, iddoo taphaa (grounds) irratti, hojiiwwan mana baruumsa hundaykn hojiiwwan manneen barnootaa Park Hill hirmaachisu keessatti ykn konkolaataa kamiyyuu keessatti, yeroo konkolaatan barattoota distiriiktii mana barnootatti geejjibuuf fayidaarra oolutti hojiirra kan oolu ta'a. Baruu Maatii (Parent-Student Handbook) fi dambiiwwan Boordii kunneen marsariitii Park Hill School District irratti onlaayiniin ni argama, [www.parkhill.k12.mo.us](http://www.parkhill.k12.mo.us). Namuusa sirrii barattoota ilaalchisee qajeelfamoonni Barruu Maatii keessatti tarreeffame, akkasumas dambiiwwan Boordii keessatti ibsame barattoota hundarratti hojiirra oola. Qajeelfamoonni fi/ykn dambii Boordii yoo cabe barattoonni kallattiidhan bulchaatti akka gabaasantu jajjabeeffama.

Barattoonni qajeelfamoota Dambii Namuusa kabajuu qabu. Barattoonni qajeelfamoota kanneen cabsan tarkaafin namuusa irratti fudhatama, kunis ittifamuu ykn hari'amuu, fi/ykn qaama seera kabachiisu beeksisuu fa'aa of-keessatti hammachuu mala. Kan armaan gadii namuusa barataa dhorkame ykn rakkoo mudachuu malu of keessatti hin qabatu.

1. Park Hill School District meeshaa waraanaa qabachuu, fayyadamuu, raabsuu, gurguruu, bituu, daddabarsuu, ykn dhuunfatti qabaachuu hin hayyamu. Meeshaa waraanaa jechuun meeshaa, mi'a, ykn pirojektaayilii kamiyyuu qaama faallaa ta'e, diina, ykn midhamaa ta'e ittiin haleeluf ykn of-ittisuuf itti dhimma bahamu, ykn meeshaa, ykn mi'a kamiyyuu nama biraa sodaachisuuf, qocoluuf, ykn miidhaa qaamaa irraan gahuuf fayidaarra oolu jechuudha. Meeshaa waraanaa meeshaalee mana baruumsa, meeshaalee manaa, mi'oota kan of keessatti hammachuu malu ta'ee, qaama faallaa ta'e, diina, ykn midhamaa ta'e ittiin haleeluf ykn of-ittisuuf itti dhimma bahamu, ykn meeshaa, ykn mi'a kamiyyuu nama biraa sodaachisuuf, qocoluuf, ykn miidhaa qaamaa irraan gahuuf fayidaarra oolu jechuudha. Barataan dambii kana cabse kamiyyuu mana baruumsaati dhorkamuu ykn hari'amuu danda'a. Dambii Boordii keessatti addatti akka ibsametti yoo ta'e malee, barataan meeshaalee waraanaa armaan gadii mana baruumsa fiduu yoo murteesse, barataan sun waggaa tokkoo gadi kan hin taaneef mana baruumsa irraa dhorkama ykn akkama hari'amu godhama: meeshaa dhuka'u, bilaak jaakii, meeshaa waraanaa dhoksaan baachuu, dhootuwaan, saayilansarii qawwee, qawwee gaazii, aalbee, cancela buunyatti godhamu (knuckles), qawwee (machine gun), meeshaalee pirojektaayilii (futtisa xiyyaa, kan xiyya ittiin darbatan, qawwee rasaasa sobaa dhukaastu, furrissa ykn meeshaa biraa kan hin dhukaane), qawwee dhuka'u, shugguxii, fi/ykn cuubee dadacha'u. Meeshaa waraanaa akkasumas ashaangullitii, meeshaa waraanaa kan fakkaatu, fakkaattii, ykn waan biraa akka meeshaa waraanatti ilaalamu of keessatti hammachuu danda'a.
2. Park Hill School District qoricha sammuu namaa hadoochu ykn alkooolii qabachuu, fayyadamuu, raabsuu, gurguruu, bituu, daddabarsuu, ykn dhuunfatti qabaachuu ykn dhiibbaa isaa jala galuu hin hayyamu.
3. Park Hill School District tamboo ykn meeshaa elektirooniksii tamoo ittiin xuuxan, veeppii dabalatee, garuu isa qofaan kan hin daangeffamne, qabachuu, fayyadamuu, raabsuu, gurguruu, bituu, daddabarsuu, ykn dhuunfatti qabaachuu hin hayyamu.
4. Park Hill School District dambii AC cabsuun qocolloo gaggeeffamu kamiyyuu hin hayyamu. Amaloonni qocolloo jedhaman kan of keessatti hammatan garuummoo kana qofaan kan hin daangeffamne, maqaa namaa waamuu, jechoota safuu cabsan fayyadamuu, arrabsoo sanyummaafi kaan, qoosaa hin malle, fakkiwwan ykn suurawwan elektirooniksii, tarkaanfiwwan miidhaa geessisuu, ykn qabeenyarraan miidhaa gahuu.
5. Park Hill School District dambii AC ykn dambii ACA cabsuudhan haleellaa saalaa gaggeeffamu kamiyyuu hin hayyamu. Amaloonni haleellaa saalaa jedhaman kan of keessatti hammatu, garuummoo kana qofaan kan hin daangeffamne, fedhii saal-qunnamtii agarsiisuu ykn gaafachuu, maqaa waamuu, arrabsoo, qoosaa, mallattoowwan, ykn waa'ee saalaa ykn koorniyaa irratti hundaa'un waa'eessa dubbachuu, tuttuqqii qaamaa ykn qaama saalaa tuttuquu.
6. Park Hill School District haleellaa barattoota, wal-loluu, nama haaratti miira hin taane agarsiisuu, humnaan qocoluu, qocolloo saayibarii, mana baruumsaati yaaddoo uumuu ykn jechaan sodaachisuu, nama ykn qabeenya jechaan ykn gochaan sodaachisuu, fi/ykn gochaawwan haleellaa biroo gaggeessuu.
7. Barataan tokko seerota mana baruumsa ittuma fufee yoo kabajuu dide, barataan sun baruumsarraa dhaabbachuu fi/ykn hari'amuu dabalatee tarkaanfii namuusatuu irratti fudhatama.
8. Park Hill School District uffannaafi akkaatan qabannaa qulqullina qaamaa sadrkaa kan eeggate, qulqulluu, gaarii akka ta'u eega. Uffannaafi akkaatan qabannaa qulqullina qaamafi uffannaa sirna baruufi barsiisuu jeequ hin qabu. Akkaatan ykn uffannaan barataa adeemsa barnootaa jeeqa yoo ta'e ykn fayyaafi nageenyummaa yaaddoo keessa buusa yoo ta'e, murtee daayireektaraan, barataan sun sirreeffama akka taasisu godhamuu mala.
9. Barattoonni ulaagaa guutan konkolachisanii mana baruumsa dhufuu ni danda'u. Qabeenya mana baruumsa irra maal-na dhibdeen ykn narraa haa baatudhaan konkolaachisuun, ykn seera bakka konkolaataa dhaabanii cabsuun bakka konkolaataa dhaaban dhabuu dabalatee, garuu kanaan kan hin daangofne, tarkaanfiwwan namuusa qaqqabsiisuu danda'a. (Mana Baruumsa Sadarkaa Lammaffaa Qofa)

Kuni tarreeffamaafi ibsa qajeelfamoota namuusa barattoonni hundi ittiin bulaniidha. Barattoonni seerota hundumaa adda baasanii baruutu irraa eegama. Yeroo Dambii Namuusa ykn Kitaaba Maatifi Barataa fudhattan gaaffii kamiyyuu yoo qabaattan, daayireektara ykn qindeessaa keessan dubbisaa.

**WALIIGALTEE BARATAA ITTI FAYYADAMA TEEKNOLOJIIIF:** Kanaa gaditti mallatteessun, dambiifi adeemsa itti fayyadama teeknolojii distiriiktichaatti waliin gala. Seerota kanneen cabsuun dhorkamuu ykn carraa teeknolojii distiriiktichaatti fayyadamuu dhabuufi mana baruumsarraa ittifamuu ykn hari'amuu dabalatee, garuu kana qofaan kan hin daangeffamne, tarkaanfii namuusa akka narratti fudhatamu nan hubadha.

Risoorsiwwan teeknolojii distiriiktichaa fayyadamuun kan dhuunfaa akka hin taane, akkasumas manni baruumsa distirkitchaa komunikeshiinii elektirooniksii kiyyafi itti fayyadama risoorsiwwan teeknolojii distiriiktichaa hunda to'achuu akka danda'u nan hubadha. Distiriiktichi risoorsiwwan teeknolojii distiriiktichaa fayyadamuun kominikeeshinii elektirooniksii kiyya akkasumas wantotan buuse (ownloaded material) fi odeeffannoon risoorsiwwan teeknolojii distiriiktichaa irratti kuuse hunda, faayiloota haqaman dabalatee akka sakatta'u, akkaataa seera naannofii federaalan, akka sakatta'u ittan walii gala; risoorsiwwan teeknolojii distiriiktichaa fageenyarraa kan to'ataman yoo ta'e illee.

**DAMBII NAMUUSAA DUBBISEE HUBADHEERA, AKKAATUMA ARMAAN OLITTI BARRUU MANA BARUUMSAA, AKKASUMAS DAMBIWWAN BOORDII KEESSATTI IBSAMETTI SEEROTA NAMUUSAA PARK HILL SCHOOL DISTRICT HUNDA KABAJIIN DIRQAMA KIYYA. AKKASUMAS KOPPII KITAABA MAATIFI BARATAA DAMBIWWAN ITTI FAYYADAMA TEEKNOLOJII OF KEESSATTI QABATE KARAA ONLAAYINIIN ARGACHUU AKKAN DANDA'U NAN BEEKA. SEEROTA PARK HILL SCHOOL DISTRICT DUBBISUUN, HUBACHUUFITTI BULUUN ITTI GAAFATAMUMMAA KOO AKKA TA'E NAN HUBADHA.**

**Maqaa Barreeffamaan**  
Adii – Gara garalcha Mana Baruumsaaf

**Mallattoo Maqaa**  
Keelloo – Gara garalcha Barataaf

**Sadarkaa Barnootaa**

**Guyyaa**